# XIINXALA YOOMESSA KITAABA ASOOSAMA DHEERAA SUURAA ABDII IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

QORATTUUN: MAARTAA CANNAALOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

# XIINXALA YOOMESSA KITAABA ASOOSAMA DHEERAA SUURAA ABDII IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

QORATTUUN: MAARTAA CANNAALOO

GORSAAN: ASAFAA TAFFARRAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

## Galata

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee Sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan Asafaa Tafarraa (PhD)tiif galanni koo guddadha. Akkasumas, abbaakoo obbo Cannaaloo Abdiisaa, harmeekoo aadde Dammituu Fiixee, obboloota koofi hiriyootakoo mara jalqabaa kaasanii hanga dhummaatti wantoota na barbachiisaan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa baajetaa naaf godhaan guddaan galateeffadha.

***Axereeraa***

*Qorannoon kun yoomeessa asoosama dheeraa suuraa Abdii xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Yoomeessa asoosama dheeraa Suuraa Abdii irratti qorannoo geggeessuuf qorattuu kan kakaaase yoomeessa asoosama biroo irratti qorannoon geggeefamera. Hangan sakatta'etti garuu, yoomeesss asoosama dheeraa Suuraa Abdii irratti qorannoon geggeeffame waan hin argineef qorannoo geggeessee bifa barreeffamaan ol kaa'uuf nakakka'eera. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa yoomeessa asoosama dheeraa Suuraa Abdii xiinxaluudha. Kaayyoon gooree qorannoo kanaa yoomeessa asoosama Suuraa Abdii keessaa Jiran addaa baasuudha. Gosti Qorannoo kanaa gosa qorannoo akkamtaati. Qorannoo kana galmaan ga'uuf malli qorannoo dhimma itti ba'ame mala qorannoo balballoomsaati. Maddi ragaa qorannoon kun ittiin geggeeffame madda ragaa tokkoffaadha. Malli iddatteessuu qorannichaa mala kaayyeffatadha. Malli funaanasa ragaa qorannichaa sakatta'a dokimentiiti. Argannoon Qorannoo kanaan argame immoo gosti yoomeessa asoosama Suuraa Abdii keessa jiruu gosa yoomeessa bakkaf yeroon kan mul'dhatu yoo ta'u haalli qindaa'ina isaa jalqaba, gidduufi xumura kan jedhuudha. Dabalataanis haaxaaleen yoomeessi asoosama Suuraa Abdii iittiin dhihaate addeessuu, Marii, raaguufi duubdeebii ta'uusaa bira ga'ameera. Yaboon qorannoo kanaan ka'ame immoo Asoosamni dheeraa Suuraa Abdii yoomeessa keessaatti yoommuu ilaallu wantoota Sadii ofkeessaa kanqabuudha. Isaanis, yeroo seenaan sun keessatti raawwate, bakka, seenaan ittii raawwatameefi haala hawaasummaa seenaan sun irratti kalaqame fa'a. Kanaafuu haxaalee yoomeessi asoosamni tokko ittiin dhiyaatuuf xiyyeeffanno guddaa osoo kennee gaarii ta'a.*

## Baafata

Qabiyyee | Fuula

Galata ..... i

*Axereeraa* ..... ii

Baafata ..... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2. Ka'umsaa Qorannchaa ..... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 3

1.3.1 kaayyoo Gooroo Qorannicha ..... 3

1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa ..... 3

1.4 Barbachisumma Qorannichaa ..... 4

1.5 Daangaa Qorannichaa ..... 4

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A OGBARRUU ..... 5

2.1 Maalummaa Ogumaa ..... 5

2.2 Faayidaa Ogumaa ..... 7

2.3 Gosoota Ogumaa ..... 10

2.3.1. Oguma barreeffama ..... 10

2.3.1.1. Gosoota Oguma Barreeffamaa ..... 10

2.3.2. Ogafaan ..... 11

2.4. Maalummaa Asoosamaa ..... 11

2.5 Faayidaa Asoosamaa ..... 12

2.6. Goroowwan Asoosama ..... 12

2.6.1. Asoosama Dheeraa ..... 12

2.6.2. Asoosama Gabaabaa ..... 12

2.7. Caacculee Asoosamaa ..... 13

2.7.1. Namfakkii ........................................................................................................ 13

2.7.2. Jaargocha .......................................................................................................... 13

2.7.3. Yoomessa.......................................................................................................... 13

2.7.4 Waldiddaa ........................................................................................................ 14

2.7.5 Ija ..................................................................................................................... 14

2.7.6 Ergaa ................................................................................................................. 14

2.7.7 Seenaa ............................................................................................................... 14

2.7.8. Maalumma Dubbiiwwan Qoolaa ..................................................................... 14

2.8 Maalummaa Yoomessa ......................................................................................... 15

2.9 Gosoota Yoomessa ................................................................................................ 15

2.10. Haala Qindaa'ina Yoomessaa Asoosama Dheeraa Suuraa Abdii ................................... 15

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........................................................... 16

3.1 Saxaxa Qorannichaa .............................................................................................. 16

3.2 Madda Ragaa ......................................................................................................... 16

3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu ................................................................................... 16

3.3.1 Iddattoo Qorannichaa ......................................................................................... 16

3.3.2 Mala Iddatteessuu Qorannichaa........................................................................... 16

3.4 Mala Funaansa Ragaalee ........................................................................................ 17

3.4.1. Sakatta'a Dookimentii ........................................................................................ 17

3.5 Mala qaaccessa Ragaalee ....................................................................................... 17

BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKAA RAGAALEE ........................................ 18

4.1 Qaaccessa Yoomessa Asoosama Dheeraa Suuraa Abdii ............................................ 18

4.1.1 Yeroo ................................................................................................................. 20

4.1.2.Bakka .................................................................................................................. 20

4.2. Yeroo Gochoonni Asoosamicha Keessatti Itti Rawwate ............................................. 21

4.2.1.Haala Qilleensa Naannichaa Agarsiisuuf ..................................................................... 21

4.2.2. Bu'uuraalee Misoomaa ........................................................................................ 21

4.2.3.Jaalala Agarsiisuf.................................................................................................. 22

4.2.4.Gara Jabbinaa ...................................................................................................... 22

4.2.5 Obsa ..................................................................................................................... 23

4.2.6.Jireenyaa Hawaasuummaa.................................................................................... 23

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ........................ 25

5.1 Cuunfaa ..................................................................................................................... 25

5.2 Argannoo ................................................................................................................... 26

5.3 Yaboo ......................................................................................................................... 27

Wabiilee ........................................................................................................................... 28

Dabalee ............................................................................................................................ 29

Waraqaa Mirkaneeffannoo.................................................................................................. 32

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogumni hiikkaawwan addaddaa qaba. Hiikkaawwan baramoo hedduun ogumni barreeffama kalaqsammuu ‘imaginative writing’ ija asoosamaatiin dhiyaate jedhu. Hiikkaawwan kuuwwan ammoo hiikkaawwan baramoorratti qeeqa dhiyeessaa hiikkaa haaraa balballoomsuuf yaalu.

Ogumni barreeffama kalaqaa ykn barreeffama argayaadaati yoo jedhame yaanni kun Seenaan, Falaasamniifi Saayinsiin uumamaa hojii mitikalaqaafi hojii miti argayaadaa (Non creative and Non imaginative) jechuudhaa? Yaada jedhu kana Dr. Onyekawuchukwu fi kanneen biroo (2010) yommuu ibsan, “Perhaps literature is defined not according to whether it is fictional or imaginative; but it uses language in peculiar ways.” Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda’amutti, ogumni ibsamu kan qabu gama dhugummaatiifi gama argayaadummaatiin osoo hintaane gama afaan haalaafi ogummaa adda ta’een fayyadamuu danda’uusaatiini.

Qeeqaan biyyaa Ruushiyaa namni Roman Jacobson Oguma “yakka qindaawaa haasawa guyyuurratti raawwatame-An organized violence committed on ordinary speech” jechuun ibsa. Ogumni amantaa sobaa (pseudo-religion), xiinsammuu (psychology) ykn xiinwwaasa (sociology) osoo hintaane qindoomina addaa afaaniiti. Ogumni haala tooftawaa (systematical) addaddaa ta’een haasaa guyyuurraa maqee afaan guyyuu unkaa jijjiiruun, gabaabsuun, micciiruun, fuggiseessuufi dhaadhessuun (transforms and intensify) haala ta’een dhiyeessuudha malee amalli kalaqummaafi argayaadummaa dameewwan beekkumsaa kaawwanirraa adda isa hintaasisu. Literature is language ‘made difference’ and because of this estrangement, the everyday word was also suddenly made unfamiliar. Ogumni damee Ogbarruu (Written Literature)fi damee Ogafaaniitti (Oral Literature) kan qoodamu ta’uu isaati.

Ogumaaf hiika nama hunda walii galchisiisu yookiin walfakkaata tahe tokko kennuun rakkisaadha. Sababni isaayyu bektootni garaagaraa akkaataa, muuxannoo jireenya bakkaa, dhiheenyaafi gosa barnoota (fields) isaaniin kan kenna waan taheef hiika dhaabbataa tahe kennuu ulfaataadha.  Kana jechuun immoo ogbarruun hiika tokkollee hin qabu jechuu miti.

Gaaabumatti Ogumni Jecha Afaan Ingilizii ‘Literature’ jedhu kan bakka bu’u ta’ee, hojii barreeffamaa ykn dubbii afaanii jechoota ogummaa addaatiin miidhagsee dhiheessudha. Kunis hojiilee Kanneen akka: Hiibboo, af-walaloo, geerarsa, abaarsa, eebba, mammaaksa, durdurii, taphoota addaa addaa, baacoo, asoosama, weeshoo, walaloofi kanneen kana fakkaatan kan haammatuudha.

Og-barruun dabarsa aadaa uummaatati. Galmee jiruu fi jireenya ilmoo nama hubannoo, beekumsa fi muuxannoo sadarkaa adda addaa qabaniiti. Yaada kana irratti Asaffaan (2009:20) yoo ibsan, " Og-barruun ogummaa kalaqaa kan waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruu fi jireenya dhala nama haqa ta'e bu'uureffachuun gabaabsee, miidhagsee barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbuudha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannuu og-barruun seenaa jireenya dhala nama keessatti umurii dheeraa kan qabu, waa'ee hawaasaa irratti hunda'ee waan barreeffamuufi hidhata hawaasaa wajjiin qabaachuusaati.

Waa'ee ogarruu Tafarriin(2013:8) yoo ibsu,"Ogbarruun gumbii aadaa, eenyummaa, siyaasaafi dinaagdee hawaasaa tokkooti"jedha. Yaada kanaarra kan hubannu ogbarruun dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa, eenyummaa, siyaasaafi hawaasummaa hawaasaa ibsuu akka danda'uudha.

Gooroo ogbarruu ilaalchisee Beekaan(2013:8) yoo ibsu,"Uummanni aadaa barreessuu hin qabne afoola yoo qabaatuu; Uummanni aadaa barreessuu qabu ogbarruu barreeffamaa qaba"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu gooroon ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamuun bakka lamatti qoodamuusaati.

Gosoota og-barruu barreeffamaa keessaa immoo asoosamnii isa tokkodha. Asoosamnis asoosama dheeraa fi gabaabaa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Asoosama dheeraa Beekaan(2013:17)too ibsu,"asoosamni dheeraan seenaa nama tokkoo dhalootaa kaasee hanga du'aatti kan agarsiusuudha jedha. yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu, asoosamni dheeraa yaada bal'aa kan of keessa qabu ta'uu isaat. Akkasumaas jireenya uummata addunyarra jiraatani ibsuuf fakkeessee mul'isuuf gahee guddaa kan qabu ta'uudha.

Caacculee asoosamaa keessaa yoomessi isa tokkodha. Yoomessi asoosama keessatti bakkaf yeroo gochii tokkoo itti rawwatamee kan ibsuudha. Kanuma bu'uura taasifachuun qoranno

Kanaas asoosamoota dhedheeroo jiran keessan asoosama dheeraa mata-dureen isaa Suuraa Abdii jedhuu kan Kumsaa Buraayyuun bareeffamee yoomessa isaan xiinxala.

### 1.2. Ka'umsaa Qorannchaa

Yeroo adda addaa asoosamarratti qorannoon garaagaraa adeemsifameera. Miseensota yookaan caacculee asoosamaa tokko tokkoon addaan baasaanii qaaccessuunis darbee darbee in mul'ata. Fakkeenyaaf, ergaa asoosama dheeraa qoraattii sammuu qaaccessuurratti qorannoon bara (2010) qorattuu Daagimeen adeemsifameera. Akkasumas Ergaa asoosama dheeraa waliif moo walirratti jedhu qaaccessuurrattii qorannoon bara ( 2010) qorattoota Alamneshiifi kanneen biroon adeemsifameera. Gama yoomessan immoo yoomessa asoosama dheeraa Quba Qubeelaa qaaccessuurratti qorannoon bara (2010)Qorataa Bantii Caaliin adeemsifameera. Garuu, qorannoon xiinxala yoomessa asoosama dheeraa Quba Qubeelaa irratti adeemsifame kana keesatti haala qindaa’inaa yoomessa adda baasanii ibsuun hin mul'atu. Kana malees, hanga an sakatta’etti xiinxala asoosama dheeraa Suuraa Abdii jedhuu irratti qorannoon adeemsifame hin jiru. Kun immoo akkan asoosama dheeraa Suuraa Abdii irratti qorannoon geggeessuuf na kakaasera.

Qorannoo hojeetame kunis gaaffilee bu'uuraa armaan gadiif deebii kenna.

- Yoomessi asoosama Suuraa Abdii haala kam keessatti mul'atuu?
- Haalli qindaa'ina Yoomessa asoosama dheeraa Suuraa Abdii kan akkamiiti?
- Haaxalee yookaan tooftaalee yoomessi asoosama Suuraa Abdii ittiin dhiyaate kan akkamiitii?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1 kaayyoo Gooroo Qorannicha

kaayyoon gooroo qorannoo kanaa yoomessa asoosama dheeraa Suuraa Abdii keessati argamu xiinxaluudha.

#### 1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoo gooree qorannoo kanas:-

-Yoomessa asoosama dheeraa Suuraa Abdii keessaa jiran addaan baasuu.

-Gosoota yoomessa asoosama Suuraa Abdii keessaa jiran ibsu.

## 1.4 Barbachisumma Qorannichaa

Qorannoon kun namoota armaan gadiif faayidaa kennuuf danda'a jedhame abdatama. Isaaniis:-

-Qorattoota mata-duree kana fakkaatu irratti qorannoo hojjetaniif akka madda odeeffaannoofi madda ragaatti tajaajiluu danda’a.

-Barattoota yoomesa asoosamaa irratti qorannoo geggeessaniif madda ragaafi ka’umsa ta’uu danda’a.

-Namoota waraqaa qorannoo kana dubbisaniif caacculee asoosama jiran keessaa yoomessa irratti hubannoo isaan gonfachisa.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun daangaa mataa isaa kan qabuudha. Daangaa isaas qabiyyee isaa irraatti hundaa'eeti. Innis asoosama dhedheeraa jiran keessaa asoosama dheeraa Suuraa Abdii kan Kumsaa Buraayyuun barreeffame maxxanfame maxxansa tokkoffaa irratti kan daanga'e yoo ta'u; caaculee asoosamootaa keessaa ammoo yoomessa asoosamichaa irratti kan daangeffameedha. Sababni an caaculee jiran keessa yoomessa qofa filateefis caacculee biroo waajiin waalfaana qoratee xumuruuf mijataa waan hin ta'eefidha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A OGBARRUU

## 2.1 Maalummaa Ogumaa

Og-barruun Oguma wa kalaqu ta'ee muuxanno jiruu fi jireenyaa keenyaa haqarratti hundaa'ee akka hubatamuu danda'utti midhagsee kaa'a. Wasaneen(2008:178) hiika ogbarruu yoo ibsu"Og-barruun hika tokko kan namootni hundii irratti waliigalan hin qabu" jechuun ibsa.Yaada kanarra kan hubatamu,hika og-barruu ilaalchisee kan waali galaa akka hin jireedha. kunis yaada bal'aa waan qabuuf hikni adda addaa itti kennamu danda'a.

Hayyuun Bwalya ( 2006:3) dhuftee jecha ogbarruu yammuu ibsu,"Literature is a Latin word 'Litra' which means writing," jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruun jecha Laatiniirraa kan dhufe ta'ee hiikaansaa barreessuu jechuudha. Bu'uuraan yaada kanarraa kan hinfagaanne madda jecha kanaa Birhaanuun ( 2013:8) yammuu kennu,"The word literature is derived from the Latin word 'littera' which means letter of the alphabet denotes the letters used in writing a language. This shows that the derivation of the word literature implies writing," jedha. Ibsi kunis jecha 'litra' jedhu harfii qubee (letter of the alphabet) jedhee hiikuun alatti yaadrimeen sun ammas barreeffama qofaan kan walqabatu ta'uusaa namatti agarsiisa. Akka yaada kanaatti wanti tokko ogbarruu jedhamuuf barreeffamaan jiraachuu qaba. Dhuftee jecha kanaatiif balballoomsi kenname kun ijuma kan ofiitiin kan ormaas laaluu addunyaa Dhidhimaarraa kan maddeedha.

Akkasaanitti maddi beekumsa ilmoo namaa kamuu Laatiinii ykn warra Giiriikiiti (Asafaa,2009:41). Egaa, haala kanaan isaaniif wanti barreeffamaan hinjirre tasuma ogbarruu ta'uu hindanda'u. Sababnisaas, isaan qaroomina gama barreeffamaan jiruun waanhedduu dursaniif ilaalcha animoosaanii keessaa bahanii hiika sanarra darbu kennuun itti ulfaate.

Gara Oromootti yoo dhufnu garuu wanti jiru faallaa kanaati. Oromoon uummata afoolawaadha. Jaarraa hedduuf yookaan hanga gaafa qubee mataasaa uummatuutti afaaniin ergaa barbaachisu dhalootaaf dabarsaa ture. Kanaafuu, Oromoon haala kansaanii sanaan ogbarruuf hiika laachuu hindanda'u. Waa'ee ogbarruu Oromoo yammuu yaadnu dursa waa'ee afoolasaa duuka yaaduu feessisa. Kunis ogbarruu Oromoof hiika kennuuf afoolasaattii adda bahanii deemuun ulfaataa akka ta'e hubachiisa.

Gara laalchota gama hiikasaatiin jiraniitti yoo dhufnu, dhalli namaa barreeffami osoo hinuumamin fuula dura afoolatti dhimma bahee ofiisaa, yaadasaafi naannoosaa ibsachaa waan tureef umuriin ogbarruufi afaanii walirra ooluu akka danda'u hayyoonni nitilmaamu. Umurii dheeraa kana keessattis waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu daawwitii jiruufi jireenya ilma namaa ibsu waan ta'eefis hayyoota ogbarruu cinatti hayyoota seenaa, falaasamaa, siyaasaa, seeraafi kanneen biroollee gama ogummaasaaniitiin laalanii hiika ofiisaanii waanitti kennaniif yaadrimeen ogbarruu bal'aa, umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffannoonsaas jiruufi jireenya uummataa ta'uunsaa ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taassisuusaa hayyoonni irratti waliigalu. Ka'umsa yaada kanaatiin laalchota hiika  ogabarruurratti jiran keessaa lama kan Asafaan (2009: 23-25) kitaaba isaanii keessatti akka maddaatti fudhannee haalaallu.

Inni duraa, "Ogbarruun waan barreeffame hunda" isa jedhuudha. Ilaalchi kun hanqina gurguddoo sadii agarsiisa. Inni duraa, ogbarruun hojii kalaqaa ta'uusaa dagachuu, inni lammataa, waan barreeffame hunda ogbarruu taassisuu, inni dhumaa, afoola ogbarruun ala gochuusaati. Hiikni kun kalaqummaafi miidhagummaa ogbarruuf bakka kan hinqabneefi ogbarruu waan barreeffamaan jiru qofatti daangessuun afoola ogbarruun ala waan taassiseef qeeqni hedduunirratti dhiyaatee fudhatama quubsaa isa dhabsiise.

Ilaalchi lammataa, "Ogbarruun hojii kalaqaa bifa miidhagina qabuun barreeffamuudha "isa jedhuudha. Ilaalchi kunis ogbarruun hojii kalaqaa ta'uusaa amanee, afoolli ogbarruu ta'uusaammoo waan dagateef akka hiika gartokkeetti laalame.

Fedhasaan (2017:9-11) hiika ogbarruurratti ilaalchota jiran keessaa isa sadaffaa cuunfee kaninni dhiyeesse, "Ogbarruun hojii kalaqaa gurguddoo namoonni uummata keessatti beekamoo ta'an barreessan ta'ee, kitaabilee galmee addunyaa (genius book) irratti galmaa'ee taa'uu qabuudha" kan jedhuudha. Namoonni hawaasa keessatti beekamoo ta'an kunneenis: luboota, bulchitoota, maatii moototaafi gootota fa'a. Akka yaada kanaatti ogbarruun dadammaqiinsaafi holola siyaasaa qofaaf kanooluudha. Ogbarruu dhimma kana qofaaf oolchuunimmoo, umuriisaa gabaabsuu danda'a. Sababnisaa, ogbarruun haala kanaan barreeffamu yeroo cehee hinqaari'u; akkuma dhimmi siyaasaa sunirra darbuun dhidhimee hafa. Kanaafuu, yaaxxinni kun mirga namni kamillee kalaqaaf qabu mulqee, namoonni beekamoon qofti mirgaafi dandeettii  ogbarruu akka qabanitti waan dhaadhesseef  fudhatama dhabe.

Ilaalcha afraffaa hiika ogbarruurratti jiru Isaak (2008:3) yoo ibsu, “Literature is thus summed up as permanent expressions in words (written or spoken), specially arranged in pleasing accepted patterns or forms,” jedha. Akka yaada kanaattimmoo ogbarruun hojii kalaqaa bifa nama gammachiisuu danda’uun qindaa’ee afaaniin yookaan barreeffamaan dhiyaachuu danda’uudha. Ilaalchi kun ilaalchota sadan armaan olii caalaa hedduu fooyya’aadha. Sababnisaa, afoola qaama ogbarruu godhee waan dhiyeesseef, akkasumas gammachiisuuf kalaqummaafi miidhagummaan dhiyaachuu akka qabutti waan amananuuf. Egaa hiika kanarratti hundoofnee akka Oromootti afoola keenya keessaa ogbarruu barreeffamaa hedduu qorannoon gabbifachuu dandeenyaHiikni kennammuuf karaa dirree qorannoo illee garaagararummaa akka qabaatu taasiseera. yaada kana ilaalchisee Asaffaan (2009;17) yoo ibsu "Namootni dirreewwaan qoranno garaagaraa keessatti argaman Og-barruun gama addaaddaan ilaaludha"jedhaYaada kanarraa kan hubannu, hayyootni addaaddaa akkaataa dirree hojii isaanin akka og-barruu hiikanidha.

Ogbarruu Asaffaan (2009:20) yoo ibsan, ogbarruun dabarsa aadaa uummataati. Galmee jiruufi jireenya dhala namaa kan namoota muuxannoo, hubannoofi beekumsa sadarkaa adda addaa qabaniiti" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun kalaqa sammuu Dhala namaa ta'ee kan haala jiruufi jireenya, aadaa, duudhaa, barsiifata, falaasamaafi ilaalcha hawaasaa dhalootaa dhalootatti kan dabarsu ta'uusaati.

Dabalataanis, Tafariin (2005:179) waa'ee ogbarruun yoo ibsu, "Ogbarruun siyaasni, aadaan, seenaan, beekumsiifi ilaalchi addunyaa uummata tokkoo maal akka fakkaatu kan ibsuufi dhalootaa dhalootatti kan ittiin darbuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun eenyummaa hawaasaa tokkoo mul'isuuf ga'ee guddaa kan taphatu ta'uusaati.

### 2.2 Faayidaa Ogumaa

Og-barruun jiruu fi jireenyaa keessatti faayidaalee hedduu qabaachuu ni danda'a. Bu'aa ba'ii keessa darbame kaasee mul'isa. Faayida ogbarruun qabu Asaffaan (2009:36) irratti yoo ibsan, "Og-barruun bu'aa ba'ii hawaasni tokko keessa darbeefi keessa darbaa jiru galmeessee dhalootaaf akka darbu taasisa"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun bu'aa ba'ii jiruufi jireenyaa, Gadda, gammachuu, bal'inaaf dhiphina hawaasni tokko keessa darbe kuusee ol kaa'uun dhalootaa dhalootatti kan dabarsu ta'uusaati.

Tyson (2006:5) faayidaa ogbarruu yoo ibsu,”Literature conceived as a laboratory of human life, ”jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruun akka mana yaalii jiruufi jireenya ilmoo namaatti fudhatama. Yaada kanarraa wanti hubatamu akkuma daawaa dukkubattii fayyisu elementoota inni irraa argame adda baasuun danda’amu ilmoon namaas eenyummaasaa isa dhugaa kan keessatti argatu ogbarruu keessaati. Sababnisaas, ogbarruun kamiyyuu jireenya guyyuu hawaasichi jiraaturraa kan dhufu malee, calluma jedhamee waan hinjirreefi hawaasa ogbarruun sun qophaa’eef biratti waan hinbeekamne miti. Kanaaf, hawaasni tokko ogbarruusaa yoo dubbisu eenyummaasaa isa dhugaa keessatti argata jechuudha.

Fedhesaan (2017:29-30) Okpewho (1992:106) wabeeffachuun gamasaatiin faayidaa ogbarruu yammuu ibsu, ”Barbaachisummaan ogbarruu inni guddaan gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuudha. Keessuma yeroo dhiphinaafi yaaddoon nama qabu yaadaafi sammuu namaa walaboomsa,”jedha.

Ogbarruun waa’ee uummata tokkoo uummataaf deebisee kan barreeffamaan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya ilma namaa ibsu akka ta’eefi hariiroo cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaa Asafaan (Eela, 2009) nibsa. Ogbarruun hawaasa tokkoof daawwitiidha yammuu jennus kan hawaasichi ofiisaa, akkasumas dhimmoota jiruufi jireenyasaa laallatan keessatti argatee of jajjabeessu ykn of ceepha’u jechuudha. Ogbarruun hariiroo cimsa yammuu jennus, hariiroo hawaasichi waliin, uumaafi uumamaa wajjin qabu ta’uu mala. Hariiroon kunis kan hawaasicha biratti fudhatamu ykn balfamu ta’uu danda’a. Hariiroo kana fakkaatu ogbarruun agarsiifnee miseensi garee hawaasichaa akka ittiin of beeku, of hubatu, ofilaalu,waan hariiroo cimsuufi laaffisu adda baafatuufi sansaka qajeelaa akka qabaatu taassisuu keessatti ogbarruun bu’aa guddaa qabaachuusaa yaada kanarraa hubanna.

Culler (1975:118) barbaachisummaa ogbarruu qabxii biraa yammuu ibsu, “Reading Literature is important to develop literary competence. Literary competence is a set of conventions for reading literary texts. Literary competence means the familiarity with a particular mode of reading, analyzing and interpreting literary works,” jedha. Akka yaada kanaatti ogbarruu dubbisuun gahumsa nuti gama ogbarruurratti qabaachuu qabnu matumasaatiin kan gabbisuufi gahumsi ogbarruu nama dhuunfaa tokkoo gosa ogbarruu filatame sana dubbisee hubachuu, qaaccessuufi hiikuu danda’uusaatiin madaalamuusaa agarsiisa. Namni gahumsa ogbarruu

hinqabneefi ogbarruu waliin hariiroo hinqaqbne gosa ogbarru  tokko jalqabaa hanga xumuraatti dubbisee ergaasaa hubachuun itti ulfaachuu mala. Sababnisaa, jechoonni nuti ogbarruu keessatti dhimma itti baanu jechoota guyyuurraa adda waan ta'aniif. Kanaafuu, ogbarruu qorachuun gahumsa gama ogbarruutiin jiru akka horannuuf nu gargaara jechuudha.

Bu'aan ogbarruu inni biraan gahumsa gama afaaniitiin jiru cimsuudha. Gahumsi kunis ogummaawwan afaanii gurguddoo (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu), akkasumas ogummaawwan xixiqqoo (fayyadama jechootaafi caasluga) gabbifachuu ofkeessatti haammata. Namni gahumsa afaan ogbarruun sun ittiin barreeffamee hinqabne gosa ogbarruu kamiinuu sirrummaan dubbisee hubachuuf nirakkata; dubbisees dinqisiifachuu hindanda'u. Gahumsa afaaniifi ogbarruu walitti hidhuun kan barbaachisuufis guddina gama lamaaniifuu bu'a qabeessa waan ta'eef. Yaaduma kana Birhaanuun (2013:5 ) yoo ibsu:

Literature helps us to develop linguistic competence. The term linguistic competence embraces the four major abilities or skills involved in the process of language learning: listening, speaking, reading and writing. It also involves the two subskills in language development namely vocabulary and grammar. Students cannot appreciat literature without understanding the language in which it is written, jedha. Akka Rivers (1983) ibsutti namoonni guddina dhuunfaasaanii gama ogbarruutiin akka qabaatan dandeessisa. Guddinni kunis eenyummaa ofii hubachuufi ilaalcha jireenyaaf qabanuu akka bal'ifatan gochuusaatiin mul'ata. Kunis ogbarruun yeroofi aadaa hawaasa tokkoo waliin hariiroo kallattii waan qabuuf. Namoonni gama ogbarruutiin waan darbe, isa amma jiruufi waan gara fuulduraatti ta'u raaguuf waan dandeessisuuf.

Walumaagalatti, ogbarruun kalaqa sammuu ilmoo namaa ta'ee ogumaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa akkasumas dhageettii keessoo ofii kanneen akka gaddaafi gammachuu ittiin ibsachuuf, sammuu gabbisuu, ija banachiisuu, bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal'isanii akka yaadan gochuu, onnachiisuu, aadaafi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii as fiduun jiruu har'aa qajeelchuufi kanneen kana fakkaataniif gargaaruu danda'a. Dhimma hawaasaatiinis waan walqabatuuf dhaggeeffachuu yookaan dubbisuuf garmaleessa qalbii namaa haawwata. Kanarraa

kan ka'e hayyoonni hedduun, ogbarruun hojii hawaasaan hawaasa keessattti kalaqamee hawaasichuma deebisee calaqqisiisuusaarratti waliigalu.

## 2.3 Gosoota Ogumaa

Gosoota og-barruun ilaalchisee Beekaan (2013:8)yoo ibsu,"Uummatni aadaa barreessuu hin qabne ogbarruu afoola yoo qabaatu, Uummanni aadaa barreessuu qabu ammoo ogbarruu barreeffamaa qaba jechuudha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu gosootni yookaan gooroon ogbarruu bakka lamaatti qoodamusaati. Isaanis: Og-barruu barreeffamafi Og-barruu afoolaati. Gosoota ogbarruu kanneen keessaa qorannoon kun ogbarruu barreeffamaa irratti kan xiyyeeffateedha.

### 2.3.1. Oguma barreeffama

Og-barruun barreeffama bifa barreeffamaan waraqaa irratti barreeffamaan dhiyaatuufi ergaa dabarsuudha. Fedhasaan (2013:67)yoo ibsu,"ogbarruun barreeffamaa kalaqa sammuu ilma namaa bifa barreeffamaan jiru hunda hammata"jedha.Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun barreeffamaa waan barreeffamaan jiru hunda hammataa osoo hin taane kanneen kalaqa sammuu Dhala namaa kan dabalatee ta'udha.

#### 2.3.1.1. Gosoota Oguma Barreeffamaa

Akka waliigalaatti ogbarruu akka hojii kalaqaatti yoo fudhanne bakka gurguddaa lamatti qoodnee laaluu dandeenya. Yaada kanas Birhaanuun (2013:12) akka kanaa gadiitti ibsa.

> *Gennerally speaking, creative literature exists in two major forms. These are oral literature (verbal art) and written literature. Each of this is further divided into genres and subgenres. According to various scholars in the field of literature, a genre is a term used in literary criticism to designate the distinict types or categories int which literary worksare grouped according to form or technique or some times, subject matter.*

Akkuma yaada hayyuu kanaatiin ibsame ogbarruun kalaqaa afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamee bakka lamatti qoodama. Isaan kunneen lamaanis akaakuu ogbarruu gurguddaafi xixiqqaa garaagaraatti qoqqoodamuu danda'u. Akka hayyoonni ogbarruu hedduun ibsanitti akaakuun ogbarruu jecha qeeqoo ogbarruun walqabatu ta'ee, gosoota ogbarruu unkaafi

akkaataa dhiyaannaasaaniirratti hundoofnee amala walfakkaataa kanneen qaban akaakuu tokko jalatti fiduudha. Yaaduma kana kan fakkaatu Fedhesaanis (2017:31) yoo kennu:

> *Bifa ittiin dhiyaaturratti hundaa'uun ogbarruu bakka gurguddoo lamatti qooduu dandeenya. Isaanis ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaati. Afoolli bifa himiinsaan yeroo dhiyaatu, ogbarruun barreeffamaammoo waraqaarratti barruun dhiyaata. Afoolli sammuu keessatti yaadamee kalaqamuun afaaniin himama. Kan barreeffamaa garuu waan yaadametu waraqaarra kaa'amuu dubbistootaaf dhiyaata. Afoolli oduu durii, sheekoo, hibboo, mammaaksaafi wantoota kana fakkaatan ofjalatti haammata. Ogbarruun barreeffamaammoo asoosama, walaloofi diraamaatti hirama.*

Gosoota ogbarruun barreeffamaa bakka sadiitti qoodama. Isaaniis: Asoosama, diraamaafi walaloodha. Qorannoon kunis gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti kan xiyyeeffateedha.

### 2.3.2. Ogafaan

Afoolli bal'ina isaarraa kan ka'e takkaattuu ogafaan qoratanii waliin ga'uun nama dhiba. Kanaafuu namni afoola qorachuu barbaade tokko dameewwan kanneen sirrriitti hubachuun dhaggeeffatee hin ka'u taanaan, akka nama maraataa galaanatti haxxissoo bu'ee karaa ba'umsaa dhabee ta'a. Kanaafuu, waa'ee afoolaa qorachuun hunda dura gosoota afoolaa beekuun murteessaadha.( Fedhasaa, 2013 ).

Kunis ,gosa afoola hawaasaa qoratanii bira ga'uudhaaf gosa gosaan kaa'uun barbaachisaa ta'uu agarsiisa. Kanaan walqabsiisee, Okpewho (1992) afoola iddoowwan sadiitti qoode. raagoo, afwalaloofi himmoota gaggabaaboo yookiin qareeyyii dha.

## 2.4. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni Damee Og-barruu barreeffamaa ta'ee bifa hololoon kan barreeffamuudha. Yaada kana ilaalchisee Geetaachoo(2093:133)yoo ibsu, "Asoosamni hojii kalaqa ilmoo namaa kan uumama isaa bu'uureffachuun haala bareedaa, nama amansiisuufi bashannansiisuun kan barreessan barreessee dhiyeessuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amuu, asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'uu fi bashannansiisaa ergaa kan dabarsu ta'uu isaati.

## 2.5 Faayidaa Asoosamaa

Jiruu fi jireenyaa nama keessatti asoosamni faayidaalee hedduu qaba.Wasaneen(2000:48)yoo ibsuu, "Asoosamni gochaalee adda adda haala jireenya hawaasummaa keessatti namootni rawwatan qeequuf fi barsiisuuf daandii sirridha" jechuun dubbata. Kanarraa kan hubannu, xiyyeeffannoon asoosamaa jireenya hawaasan Wal qabachuu fi barsiisuuf kan qophaa'e ta'uu isaati.

Faayidaa asoosamaa Fedhasaan(2013:28) yoo ibsu,"Faayidaan asoosamaa gammachuufi boqonnaa sammuu nama gonfachiisuu, safuufi Seera barsiisuu,gochaa balaaleffachuufi waan gaarii qeequudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni faayidaa hedduu qabaachusaati.

## 2.6. Goroowwan Asoosama

Qoqqooddin asoosamaa haala bal'insa isaani irratti hundaa'a Fedhasaa (2013;68) "haala bal'iinsaarratti bu'uureffamuun asoosama bakka lamatti qooduu ni dandeenya. Isaani asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa jedhama" jechun bakka lamatti qoodeera.

### 2.6.1. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa erga eegalee kaasee hanga ammaatti karaa adda addaa hiikni itti kennamaa jira. Garuu, hiika hayyootni marti irratti waliif galan lafa kaa'uun hin danda'amne. Wasaneen(2008:84)yoo ibsu, "Asoosamni dheeraan seeneffama kalaqaa ta'ee kan bifa hololootiin dhiyaatu, seenaa tokko jalqaaa kaasee hanga dhumaatti kan seenessuudha'' jedha. Yaada kanarraa kan hubannuu asoosamni dheeraan seenaa bal'aa kan seenessuu ta'uusaati.

### 2.6.2. Asoosama Gabaabaa

Akkaataa hiika jiruutti asoosamni gabaabaan yeroo dubbisuuf fudhatu giddu-galeessa taasifata. Wasaneen(200:86) yoo ibsu, "Asoosamnii gabaabaan hojii Og-barruu kalaqaa ta'umsa altokkottin dubbifamuun xumuramudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni gabaabaan seenaa qeenxee kan seenessuufi yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramuudha.

## 2.7. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosamaa bu’uura asoosamaati. Caacculeen asoosamaa guutummaa asoosamichatti humna kennuun midhegsu. Kanas Fedhasaan (2013:68)yoo ibsu"Miseensota asoosama xinxallun yaada asoosamaa sanaa qalbeeffachuuf nu gargaara" jedha.Yaada kanarra kan hubannu caacculeen asoosamaa asoosama tokko xiinxalanii hubachuuf, qeequufi madaaluuf kangargaaruu ta’uusaati. Caacculen kunneenis namfakkii, jaargocha, yoomessa, waldiddaa, ija, ergaa, seenaa, afaaniifi haala dhiyeenyaati.

### 2.7.1. Namfakkii

Namfakkiin namoota barreessaa asoosamaan uumamanii seenaa asoosama tokkoo raawwatan yookaan seenaan irratti raawwatuudha. Misgaanuun (2012:21) yoo ibsu,’”Namfakkiin namoota seenaa asoosamaa keessatti hirmaachuun amala dhala namaa hunda calaqqisiisaniidha.Kanaaf abbaa seenaa yookaan abbaa oduu jedha”’jedha. Yaada kanarraa kan hubannu namoota asoosama keessatti gochaa raawwatan namfakkii akka ta’aniidha.

### 2.7.2. Jaargocha

Jaargochi haala seenaan asoosama tokkoo sababaafi bu’aan wal qabatee tooraan ijaaramuudha. Gochoonni kunis wal qabatanii walirratti ijaaramuun gochi tokko isa biraa uumuuf sababa yoo ta’u, bu’aan gocha sanarraa argamuu gocha biraa isa boodaan dhufuuf sababa ta’uun seenaa asoosamichaa bal’isa. Fedhasaan(2013:68) yoo ibsu,”jaargochi haala seenaan asoosamaa sababaafi bu’aan wal qabatee tooraan ijaarame ijaarsa gochootaati’’jedha.

### 2.7.3. Yoomessa

Taateen tokko yeroifi bakka itti raawwatamu qaba. Yaada kana Misgaanuun(2012:19) yoo ibsu, "Yoomessi yeroo fi bakka seenaan asoosamicha keessatti seeneffameefi ta'iinsi tokko keessatti raawwatame kan ibsuudha" jedha. Yaada kanarra kan hubannu yoomessi bakka qooddattoonni itti argamaniifi gochaa raawwatan ta'uudha.

#### 2.7.4 Waldiddaa

Waldiddaan asoosama keessatti qaamota waaliin mormaaniidha.yaada kana ilaalchisee Fedhasaa(2013:17) irratti yoo ibsu"Waldiiddaan Wal falmii yookiin mormii alaafi keessa namfakkii guddaa fi human birrootiin uumamudha" yaadni armaan olii kan ibsu waldiddaan namfakki gidduutti uumamuu akka danda'uudha.

#### 2.7.5 Ija

Iji haala seenaan asoosama tokko ittin seeffamuudha. Yaada kana .Fedhasaa(2013:82) yoo ibsu,"iji kallatti seenaan asoosamaa ittiin himamuudha. Barreessaan seenaa tokko yeroo qindeessu nama dubbistootatti seenicha himu waliin kalaqa innis seenesaa jedhama" jedha.

#### 2.7.6 Ergaa

Ergaan miseensota asoosamaa keessaa dhaamsa walii galaa barreessaan dubbistootaaf dabarsuudha. Misgaanuun(2012:27) irratti yoo ibsu,"Ergaa walii gala asoosama tokko dubbachuun hin danda'amu"jedha.Yaada kanarraa kan hubaatamu, asoosamni tokko ergaawwan adda addaa qabaachuu waan danda'uuf ergaa isaa kana jedhani daangessuun akka hin danda'amneedha.

#### 2.7.7 Seenaa

Seenaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Innis haala asoosamni tokko ittiin xumurame kan agarsiisuudha. Seenaan asoosamaa tokkoos gammachisaa, gaddisiisaa yookaan wal makaa ta'uu nidanda’a.

#### 2.7.8. Maalumma Dubbiiwwan Qoolaa

Dubbiiwwan qoolaa asoosama keessattii gahee guddaa qaba. Fedhasaa(2013:96)yoo ibsu, "Dubbiin qoolaa jechoota haala qaromina qabuun qindeeffamanii ergaa darbuu barbaade dabarsuudha" jedha. Yaadni haayyuu armaan oli kan hubachisu, dubbiin qoolaa haala qindoomina qabuun qindaa'uu isaati kunis asoosama keessa keessatti barbaachisaa kan ta'edha.

## 2.8 Maalummaa Yoomessa

Yoomessi caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Yoomessi asoosama tokkoo keessatti bakkaf yeroo gochii tokkoo itti rawwate kan ibsudha. Akkasumas haalaf yeroo gochoonii asoosama tokkoo haala jiruuf jireenya hawaasa waliin wal qabsisee kan mulatudhaa. Akkaa Misgaanuun (2012:19)yoo ibsuu, yoomessi: yeroof bakka seenaan asoosamichaa keessatti seeneffameefi ta'iinsi tokkoo keessatti rawwatame kan ibsuudha. Yaada kana irraa kan hubannuu yoomessi bakka qooddattooni itti argamaniifi gochaa rawwataman ta'uudha.

## 2.9 Gosoota Yoomessa

Yoomessi asoosama tokkoo Karalee garagaraan mulaachu danda'aa.

Isaanis,

- Yoomeessa Dimshaashaf.

-Yoomeessa Murtawwaa jechuun nii danda'amaa.

## 2.10. Haala Qindaa'ina Yoomessaa Asoosama Dheeraa Suuraa Abdii

Haali qindaa'iina yoomessa asoosama dheeraa suuraa Abdii yeroo ilaalu Kara laman ilaalun ni danda'aama. Innis, kallattifi alkallattiidha. Kallattin yeroo ibsamu, ganama, galgala, halkan, bara akkasi, guyyaa akkanaa jedhamee ta’uu danda'a. Alkallattin yeroo ibsamu, ammo taatee yeroo ta'e keessa raawwatame maqaa dhahuudhaani. Bakki immoo naannoo seenaan Sun itti raawwate ilaallata. haala teessuma Lafa,haala qilleensa naannoofi kan kana fakkattan mul'isa. Haalli hawaasummaa haala jiruufi jireenya uummata asoosama Sana keessatti eeramee kan calaqqisiisuudha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf gosti qorannoo dhimmi itti bahamee gosa qorannoo akkamtaati. Sababni isaas gosti qorannoo kanaa odeeffannoo argamu xiinxaluun jechootaan ibsa. Qorannoo kana galmaan ga'uu mala balballoomsaatti dhima baheera. Dhimma Kana Addunyaan (2011:10) yommuu ibsu,"qorannoon akkamtaa jiruufi jireenya hawaasaa kan ibsuufi Haala ilaalchaafi fedhii hawaasaa gadi fageenyaan ibsuurratti human guddaa kan qabuudha"jedha.Yaada kanarraa kan hubannuu qorannoon akkamtaa gaaffii maaliif? akkamitti? jedhaniif deebii kan Kennu ta'uusaati. Walumaagalatti haallii fayyadama saxaxa Kanas bu'aa qorannichaaf barbaachisu to'achuu dandeessisifidha.

## 3.2 Madda Ragaa

Qorannoo hojechuuf maddi ragaa isa barbaachisaafi murteessaadha. Qorannoo kana hojjechuufis maddii ragas qorataan dhimmaa itti bahe madda ragaa tokkoffaadha. kunis kan ta'uu danda'eef asoosamni yoomeessa isaa xiinxalame bifa barreeffama kan argamuudha. Walumaagaalatti maddii ragaa qorannoo kana Madda ragaa tokkooffa ta'uun qorannichaa xumurameeraa.

## 3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

### 3.3.1 Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo tokkoof iddattoon murteessaadha. Iddattoon qorannoo kanaa asoosama dheeraa suuraa Abdiiti. Kunis asoosama dheeraa suuraa Abdii gadi fageenyaan irra deddeebi'ee dubbisuun odeeffannoon irraa waan sassabamuufidha.

### 3.3.2 Mala Iddatteessuu Qorannichaa.

Qorannoo kana geggeessuu keessatti malli iddatteessuun itti gargaaramu mala iddatteessuu miti carraa keessa mala akkayyootti dhimma bahe. Sababni isaas asoosama dheeraa hedduun jiran keessaa asoosama dheeraa suuraa Abdii kaayyeffachuun osoo carraa hin buusin waan filateefidha.

### 3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuu keessatti malli funaansa ragaa dhimmi itti bahamu sakatta'a dookimentiiti. Sakatta'a dookimeentii kanas yaadannoo qopheeffachuun kitaaba asoosama dheeraa suuraa Abdii gadi fageenyaan dubbisuun yoomessi asoosamichaa sakatta'ame xiinxalama.

#### 3.4.1. Sakatta'a Dookimentii

Qorannoon kun geggeeffamuuf malli ragaan ittin sassaabame, sakatta'a dookimeentiiti. Sakatta'i dookimeentii Kunis kitaaba asoosama dheeraa Suuraa Abdii gadi fageenyaan dubbisuun yoomessa isaa xiinxaluun kan sakatta'amuufidha.

### 3.5 Mala qaaccessa Ragaalee

Malli kun mala odeeffannoon sassabamee ittiin hiikamuudha. Qorannoo kana geggeessuu keessatti odeeffannoo sakatta'a dookimentiitin argamu xiinxaluun balballoomsama. Balballoomsi taateewwwan asoosamicha keessatti raawwataman sababaafi bu'aan wal qabsiisee kan ibsu waan ta'eefidha.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKAA RAGAALEE

## 4.1 Qaaccessa Yoomessa Asoosama Dheeraa Suuraa Abdii

Asoosamni Suuraa Abdii jedhuu kan barreeffame asoosaa Kumsaa Buraayyuu bara 1993 A. L.A.ti barreeffameedha. Kitaabni kun erga uummaataf sodaa tokko malee, ilmaan Oromoo lubbuu isaaniitiin guca Bilisummaa sichi eenyu iyyuu dhaamsuu hin dandeenye qabsiisanii dabran Marti ittiin haa yaadataman! Kanaaf kitaabichi Amajjii 1993 tti mana maxxansaafi Raabsaa kitaaba Finfinneeti barreeffamee. Suuraan qola kitaabichaas fuulli duraaf boodaa kan qophaa'e, Kumsaa Buraayyuutiinidha. Kitaabni kun fuula 160 kan qabuuf kutaalee (15) kan of keessaa qabuu yoo ta'u, Kitaabni kun kan irratti xiyyeeffatees naannawaa Finfinneefi aanaalee ishee keessaatti argamaan irratti. Asoosama dheeraa Suuraa Abdii kana keessatti yeroon bara yookaan bara seenawaa namfakkiiwwaan seenichaa keessatti argaaman sun ittiin jiraatan, bara seenaan asoosamicha keessatti ibsame itti dalagame: tibba yookkan waqtiilee seenaan asoosamicha ittin dalagamedha. Akkasumas guyyaa yookkaan halkan seenichi ittin dalagame hundaa of keessatti hammata. Asoosama Suuraa Abdii keessatti bakki immoo iddoo seenichi itti rawwatameefi nam fakkiiwwaan seenicha keessatti argaman keessaa jiraataniidha. Wantoonni bakka keessatti hammatamuu danda'an haala teessuma Lafaa, uumama naannoo, manni jireenya, wajjirri adda addaa, manneen barnootaa, meeshaaleen namoonni sun itti fayyadaman, konkolaataawwan adda addaa, daandiiwwan tu argaama. Asoosama Suuraa Abdii keessatti barreessaan asoosamicha yoomessatti gargaramuun wantoota heeduu ibseera. Isaanis:- Bu'uuraalee misoomaa agarsiisuu, haala qilleensa baramaa, haala teessuma lafaa, jaalala agarsiisuuf, gottummaa, obsa agarsiisuufi barsiisuuf, siyaasafi diinagdee agarsiisuufi kan kana fakkaatan barreessan asoosama Suuraa Abdii Kumsaa Buraayyuutiin bara 1993 barreeffame ni calaqiisiisaa.

### Seenaa Asoosama Suuraa Abdii


*Guyyaa tokko Amansiisaan sammuusaan wal-lolaa ciisee gaddaa osoo bohaa jiruu Gorsituun buna akooftee itti qabnaan funyaansaa irraa garagalchate. Abdiinis irribaa ka'e. Biddeena cabaa tokko nyaatee gasoo fudhatee Gorsituu waliin lafa oolmaasanii walgaatanii walitti baacaa deeman. Yeroo galus kiloo jahaa Siidaa bira yeroo gahu baasii qabatee gale. Abdiif qarshii dabboo kennee bahe. Mana Birrituutii qub-lameesaa dhugee kanfalee yeroo bahuuf*

*jedhu Jooteen affeerraan dabaltee kaanaan Birrituun machooftee kanfaltii gaafatte. Diddaanis iyyitee Jooteenis irra dhaqe. Poolisoonni reebaa buufata poolisii koonyaa Inxooxxootti geeffaman. Ganama lamaan isaniyyuu gaabbanii boohu. Gidduutti poolisiin lamata akka hinmachoofne mallatteessisiisee gadhiise. Yeroo galu Gorsituun fayyaasa gaafattee, sirnichi reebicharratti akka hundaa'e, yoo nama reeban malee olaantummaan seeraafi kan isaanii akka hinmul'anne itti hime. Abdii taphachiisaa oole. Amansiisaan gasoo baatee wagga shan hojjete. Hoggattoonni wajjirichaa saba isaanii malee waan hinguddisneef miilana yoo didan Hogganaa wajjirichaa ajjeesuuf murteeffateera. Ganamaan suuraafi haaduu udhatee Abdiif ciree bitee Gorsituu waliin hasaa'aa mana oolan. Ganama Daawwit Geetachoo dabarsinaan Gorsituuf xalayaa barreessee Barihee Ayyaaloo mana fincaaniitti seenuun ajjeesee meeshaa irraa fudhachuun Adaamaatti baabura qabatee Shee Toofiq Usmaan walbaree Dirree Daawwaatti waliin galan.*


*Adde Soofiyaa Aliin walbalbaran. Keessummeeffamee booda, aadde Soofiyaan yeroo Raadiyoo Sagalee Afaan Oromoo bantu oduurratti hogganaa Warshaa Kophee Pilaastikaa Obbo Barahee Ayyaloo du'uusaa akka gabaasame yeroo dubbatuu akka isa ajjeese sababa waliin hime. Ollarratti bilbilee Gorsituufi Abdiin hidhamuufi suurri isaa rabsanii barbaadaamaa jiru mirkaneeffannaan Shee Toofiq ilmsaanii Mohammad Mana Barumsa Guraawwaa sad. 2ffaa barsiisu biraan geesse. Mohaammad simatee maqaasaas Qaasim Aliitti jijjiiraan. Mohammad waliin osoo jiranii waldaa 'CARE' jedhamu dorgomee gale.*

*Baatii 18 booda Finfinneetii miindaa hojjettootaa akka fiduuf ajajamnaan Mohaammad didee deemuuf murteeffatee. Mohammadis halkan mirqaansaan walaloo 'Madda Walaabuu' jettu kan dhugeeffannoo Oromummaa agarsiisu barreessee dubbiseef. Ganamaan burjaajiisaa waliin konkolaataa eeyyamameef qabatanii Finfinnee gahuun halkan bahee manasaa deemuun yeroo Abdii waliin Gorsituun boossu dhaggahee boohaa deebi'ee xalayaa barreesssee mindaa waggaa tokkoo xalayaan maree ganama deebi'ee yeroo Gorsituu mana baatu eegee fuldurashiitti darbatee dhokachuun fudhachuushee mirkaneeffatee mana barumsa Abdii dubbisee yeroo Shiroo Meedaa gahu Gorsituun akkuma duraanii tessee qullubbiifi dinnicha gurguraa jirtu argee darbuun waldicha gahee mindaa hojjetootaa 55,902 fudhatee sokke. Burjajiisaa waliin gara Bahaatti sokkuun yeroo Mi'eessoo gahu Amansiisaan konkolaataa Mr Jooniif deeebisun*

*qarshiicha qabatee gargaarsa Madda Walaabuuf sokke. Rakkoon akka jiru osoo beekuu hawwiin gaaf tokko akka deebi'uu beekee sokke.*




Suuraa fuulduraa fuuldura kitaabichaa




Suuraa duuba kitaabich aa

### 4.1.1 Yeroo

Dammee yoomessa keessaa tokkoo yeroodha. Yeroon bara, ji'a, waqtii, guyyaa, sa'aatii gochii itti raawwaatame kan of keessatti qabatee jiruudha. Yeroon asoosama Suuraa Abdii haala qorannoo kana keessatti mata dureen qoodamuun ibsaamera.

### 4.1.2.Bakka

Bakkii damee yoomeessa keessaa isaa lamaffaa ta'ee iddoo seenichi itti rawwatame akkasumas namfakkiiwwaan keessa jiraatanidha. Bakki asoosama Suuraa Abdii keessatti argamu haala armaan gadiitti dhiyatera.

## 4.2. Yeroo Gochoonni Asoosamicha Keessatti Itti Rawwate

### 4.2.1.Haala Qilleensa Naannichaa Agarsiisuuf

> *Tibbii isaa lafti gonna lolaan soofamaa baate amma fooyyee hargateetti mucucni cafjedheera ...kuusamni lolaa inni akka bishaan tujubaa amma gogaa waan deemeef tajaajilli riqichaa xiqqaataa dhufeera.... Lafa deemuun waan danda'ameef riqqichi irraanfatameera. Hundumtuu dhufa birraatti waan Gammade fakkaata...."(*fuula 46).

Warabbii kana irraa kan hubbaanu gannii darbee baattii Onkoloolessaa keessaa biiftuun ganama_ganama qaama dhaamocha agayyaatiin goggoge hiiktee diriirsitee... Lafa magariisa abaaboo birraatiin kuulamte ta'uu isaatu hubatama.

### 4.2.2. Bu'uuraalee Misoomaa

Asoosama Dheeraa Suuraa Abdii jedhuu kana keessatti kallaatti misooman yeroo ilaallu haala jiruuf jireenya seenessa asoosama kana waliin wal biraa qabnee yoomuu ilaalamu haalii bu'uuralee misoosama ni mulaatu. Fakkenyaaf kitaaba kana keessa seenessaan kun waa'ee bu'uuralee misoomaa waliin wall qabsiise bu'aa ba'ii jireenyaa Isaa foyyeeffachuuf yommuu dubbaatu ilaaluun in danda'ama. Fakkeenyaf: “Qaamniikoo hundumtuu dadhabbiidhaan bututeera; kaan haa turuu gasookoo illee osoon gatiittiikoo irraa darbadhee gates nangammada. Garuu gasoonkoo madda jireenya koottiti attamiinin darbadha?” (fuula 8).

Warabbii armaan olii kana irraa wanti hubatamu seenessaan asoosama kana jiruf jireenya isaa keessaatti wanta bor nafayyadaa jedhee ittiin jiraatu yookaan kan inni meeshaa fayyaadamee jirenyaa isaa boorif jechaa kan ittiin hojjetuu badhatee deemu nu hubaachisa.kanaaf yaadni armaan oliittii ibsamee kun nu hubaachisuu ni danda'aa.

### 4.2.3.Jaalala Agarsiisuf

Haala jiruuf jireenya keessatti jaalallii barbaachisaadha. Kanafuu Asoosama dheeraa Suuraa Abdii jedhu keessatti barreesaan asoosama kana asoosama isaa keessatti waa'ee jaalala bakka garagaraatti kaa'era. Fakkenyaaf asoosama kana keessa fudhaane ilaallu nidanda'ama.

*"Naa caalaa nama -tokko iyyuu fuudhuu hin dandeessu. baayyee dulloomteetta.*

*Garuu daandii abdiin dhufe irraa ilaaman hedduu dhaalchuu ni dandeessa "jettee*

*yeroo isheen raawwattu wal qabatnee kolfaa addunyaa mataa keenyaa keessa*

*gangalatne. Afata cidii irratti isaa dhumaa jaalalatti nagaa dhaamne. Ija keessaa*

*wal ilaalaa daandii waggaa shaniin dura gargaarsa nama-tokkoo malee baasne*

*irra jaalalaan bashannanne.( fuula 62.)*

Warabbii kana irraa kan hubaanu gannii darbee baatii onkoloolessaa keessaa biiftuun ganama-ganama qaama dhaamocha hagayyaatiin goggoge hiiktee diriirsti... Lafa magariisa abaaboo birraattin kuulamte ta'uu isaa hubatama.

### 4.2.4.Gara Jabbinaa

Asoosama dheeraa Suuraa Abdii kana keessaatti jaalalii akkumaa mul'atu gara jabinnis ni mulaata. Kanaaf barreessaan Asoosamaa kana yoommuu seenessuu gara jabinaa waa'ee jiruuf jireenya dhala nama waliin walqabsisee yommuu kaa'u ilaaluun ni danda'ama. Kanaf akka fakkenyaatti fudhannee yoo ilaaluu,

*Yommuu innii meeshaa isaa gar-gar harkisuu meeshaan koo morma isaa irraa cancalaqxi hidda mormaa kukkutee seenuuf humnaan dhiibbaa nahin rakkifnee...haalaan haaloo baasuuf qaramtee qophooftee turte, qaama dadhabeen yeroo inni meeshaa isaa natti galagalfatu abbommachuun natti hin ulfaatne.morma irraa ta'uunisaa akka innii iyyee nama natti hin dirmachifneef carraa guddaadha.(fuula 76).*

Warabbii armaan olii kana irraa kan nutti hubaanuu akkaa seensaa asoosama kanattii ilmii nama bu'aa ba'ii jireenyaa keessaa darbuuf qabsoo ilmii nama taasisuuf kan buultoo isaa foyyeeffachuu godhudha. Kanaaf akka kanatti yaalii inni geggeessuu kun isaaf mijachuu gafaa didduu utuu hin beekiin gochaa badaa yommuu inni rawwaatu nu hubbaachisaa.

### 4.2.5 Obsa

Asoosama kana keessaa barreessaan asoosama kanaa waa'ee ilma namaa yommuu barreessuu ilmii nama waa' ee jiruuf jireenyaa isaa gara fuula duraa foyyeefachuuf gochaa inni guyyaa guyyaan godhuu waliin wal qabsiise yommuu inni barreessuu ilaalla. Kanaaf barreessaan asoosamicha kitaaba isaa keessatti waa'ee ilma namaa yommuu barreessuu akka fakkeenyatti ilaaluun nidanda'ama.

" Namootni hedduun haala hojii isaanii kana jibbanni obsa tokko malee akka bineensaa isaan baqataniiru. Ani garuu obsaan waggaa tokkoo irraa lama lama irraa sadii sadii irraa afur,afur irraa immoo shaneffaakoo rawwachuuf jedhee dubbata.”(fuula 48).

Warabbii kana irraa kan nutti hubaachuu dandeenyu wa'ee ilmii nama obsa qabachuudhan jireenyaa guyyuu isaa foyyeeffachuuf hojjetuufi wanti hardhaaf bor irratti hojjechuun isaa gara fuula duratti darbuuf yaaluu hubachisa.

### 4.2.6.Jireenyaa Hawaasuummaa

Nanni kamiyyuu jireenyaa jiratuu keessatti qofaa osoo hin tanne hawaasa waliin jieachun barbachisaadha. Kanaaf asoosaan kun yommuu waa'ee jireenyaa hawaasummaa dubbatu foyya’iinsa jireenya isaa jecha lafa qoforraa yommuu jiratuu dubbata. Kanaaf akka fakkeenyattii fudhanee yoo ilaallee akkas jedha!

"Qabsoo ofii haara galfachuu dhabanii gasoo ofiis ayyaana(carraa) dhaloota ishee abaarsisan...lafa qofforuu...akka waan yoodacheen boosse malee jireenyaa nama hin gammachifne madaa_maddii hidda uumaa, bakka ganamaa balleessanii uumamaa waliin wal dorgomu(fuula 39).

Warabbii armaan olii irraa kan hubannu yokaan wanta inni nu hubachiisu danda'u ilmii nama jireenyaa isaa gara fuula dura foyyeeffachuuf bu'aa ba'ii inni keessaa darbee isa gara fuula duuraatti deemuf diqamaa jireenyaa isa foyyeeffachuuf qabsoo inni geggeessuudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Cuunfaa

Asoosamni Suuraa Abdii gosoota Yoomeesaa lama kan of keessaa qabudha. Isaanii:Yoomeesaa murtawaafi Yomeesaa dimshashadha. Kanaaf asoosamni suuraa abdii jedhuu kun bakkaa murtawaa, haala murtawaafi yeroo murtawaa keessaatti barreeffame kan ibsuudha. Asoosamni kun bakka murtawaan asoosamni kun itti barreeffamee kan nuuf ibsuu asoosamichuma mata isaa irraa ilaaluun ni danda'ama. Kanaafuu asoosamicha keessaa seenessaan asoosamicha akka ibsuutti magaalaa Finfinneefi nannawaa ishee gidduu galeeffate kan barreessedha. Kana malees haalli murtawaan asoosamicha yommuu ilaaluu haala jiruf jireenyaa dhala namaf qabsoo ilmii nama jireenyaa isaa foyyeeffachuuf gara fuula duuratti deemuu kan of keessaatti hammaatudha. Kana malees yeroon murtawaa asoosamicha yommuu ilaalamu yeroon isaa tibbaa ittii dhalli namaa hojii misoomatti bobba'ee hojjetuufi waqxii itti dhalli namaa waan hojjeete hunda gara callaa isaa sassaabbachuuf deemuu yeroon asoosamichii barra'ee nuuf ibsaa. Kanaafuu yoomeessi murtawaan asoosamicha bakkaa itti gochi tokko asoosama sana keessatti kan ibsuu yoo ta'uu, asoosama kana keessaa akka fakkeenyatti fuudhaane ilaaluun ni danda'ama. Innis bakki gochichaa asoosama kana keessaa seenessaan asoosamicha yeroo inni gochaa ajjeecha nama irratti rawwaatu agarraa. Kanaaf seenessaan asoosamicha Amaansisa Gurmuu kan jedhamu qabsoo jireenyaa isaa keessaatti gocha inni rawwate kan ilalaamu haloo gara isaa baafachuuf Obboo Barahee Ayyaaloo irratti rawwaate kan ibsuudha(fuula 76). Kanaa malees yomeessa murtawaa asoosamaa kana yeroo ilaallu bakkaaf yeroo gochii asoosama sana keessaa kan mullisudha. Kanaaf haala qilleensa baramaa asoosama sanaa: bakka, yeroo jalqabaa hangaa xumuraatti ilaaluun nidanda'ama. Kana malees yoomeessi murtawaan asoosama kanaa bu'a ba'ii ilmi namaa jiruuf jireenya keessatti dabarsu nuuf eeruu danda'a. Akka walii galaatti yoomeessi asoosama kanaa seenaa jireenya dhala nama wajjiin kan wal qabatuu ta'uu isaa seenessaan asoosamicha bifa dhalli namaa jireenya isaa fooyyeffachuu danda'uu kallattii kan agarsisu tahuu isaa barreessan asoosamicha nuuf ibseera.

Akkattan mul’ina yoomessa isaa immoo jalqaba, gidduufi xumuraadha. Sababiin isaas ta'iinsonni asoosamicha jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti dhiyaatanii kan jiranidha. Kanaaf barreessan

asoosama dheeraa Suuraa Abdii tooftaalee asoosamni tokko ittiin dhiyatu keessaa addeessuu, marii, raaguufi duubdeebiiti garggaramuun asoosama kana barreessera.

## 5.2 Argannoo

Argaanon qorannoo kanaan argaman kanneen armaan gadiiti;

-Gaaffii bu'uuraa tokkoffan walqabatee asoosamni suuraa abdii jedhuu gosaa yoomeessa lamaa qabaachuu isaa bira ga'ameraa. Kunis gosoota yoomeessa kanneen itti gargaramuun ta'iinsota garaagaraa asoosamicha keessatti dhiyeesseera.

-Gaaffi bu'uuraa lammaffaan walqabate haaxaalee yookaan tooftalee yoomeessi asoosama dheeraa suuraa abdii ittiin dhiyyattee addeessu, marii, raaguufi duubdeebitti fayyadamee dhiyyaachun isaa biraa ga'ameeraa. Kanaaf barreessaan asoosama kana barreessuu keessatti ulagaa kana guutee barreessuun isaa qorattuun qorannoo kana geggeessite asoosama kana irraa deddebitee dubbisuun sakaatta'un argaatteetti. Kana malees barreessaan asoosama kana jireenyaa isaa foyyeeffachuuf jechaa guyya guyyaan qabsoo hadhawaa bu'aa ba'ii jireenyaa keessaa darbuuf yaalii inni godhee agarraa.

-Gaaffilee bu'uuraa isaa sadaffaa waliin walqabatee yommuu ilaalamu immoo asoosama dheeraa suuraa abdii yoomessa isaa jalqaba, gidduufi xumura qabachuun isaa bira ga'amera.

Innis jalqaba Amaansisaan qabsoo jireenyaa isa foyyeeffachuuf akkaata ittiin gara fuula duraatti deeme qabeenya horaachuun maati isaaf mana isaa jijjiruuf gocha inni godhee nu hubachisaa. Gidduutti ammoo waa'ee jireenya isaaf qabsoo guyyaa gara guyyaatti geggeeffatu waa'ee dhaloota isaa yommuu dubbatu bakka dhaloota isaafi akkaataa jireenya jiratu waliin walqabsisee eeruun qabsoo jireenyaa keessatti gocha badaa isa mudatee agarra.

Kanan utuu jiruu seenessaan asoosama kana erga raawwii ajjeecha nama irrattii fudhatee yookaan gocha badaa akkanaa raawwate biyya keessa jiraatu gad-dhisee biyya biraa deemuun adeemsa keessa muuxannoo barnoota duraan qabu sana gara dhaabbaata garaagaraa keessa seenuun hojjechuu isaa asoosamni kun nu hubaachisa.

### 5.3 Yaboo

Barreessaan asoosama kanaa goosota yoomeessa warreen ta'an kanneen dimshaashaf murtawaa jedhamanitti utuu fayyadamera ta'ee gaarii ta'a.

Barreessaan asoosama yeroo asoosama barreessuu qub-guddeessaafi sirnaa tuqaaleetti xiyyeeffannoo utuu kennee garuumaa qabata.

Namoonni yeroo asoosama dubbisaan asoosamicha sirriitti hubaachuuf yoomeessa irratti xiyyeeffachuun gaariidha; Sababnisaa, asoosama tokko keessatti yoomeessi yoom isa jedhuuf eessa isa jedhuuf deebii waan kennuuf gaariidha.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamta: Yaadrimee Qorannoo Hujoo.* Finfinnee; mega published plc.

Asaffaa Tafarraa.(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo.* Finfinnee; far East Trading.

Beekaan Gulummaa.(2013). *Guuboo seenaa, Asoosamaafi saayinsiisaa.*

Fedhasaa Taaddaasaa.(2013*),subii; Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee;Far East plc.

Geetaachoo Raabbirraa.(2006). *Furtuu, Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi10,* Finfinnee; kuraaz International publishing Enterprise.

Misgaanuu Gulummaa.(2012). *Yandoo; Ogumaafi Ogwalaaloo Oromoo*. Finfinnee.

Rabbirraa Tafarraa.(2009).*Gadaa,Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9fi10.*Finfinnee,Gadaa series.

Tafarii Nugusee.(2005). *Wiirtuu jildii 10ffaa, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee printing Branna plc.

### Dabalee

*Guyyaa aargalfii ganama namooni kaan dhugaatiin hinjifatamee, kaan boqannaa barbaadee yeroo ciisu Amansiisaan sammuusaa waliin wal-lolaa ciisa. Rabbiin olilaalaa, ofitti gaddaa osoo bohaa jiruu Gorsituun buna akooftee aara bunaa milkiif itti qabnaan funyaansaa irraa garagalchate. Isheenis gochasaatti dinqamtee jirtuu Abdiinis ilmi isaanii irribaa ka'e. Biddeena cabaa tokko kenniteef. Innis ciree bunaa qofa osoo hintaane laqanasaas akka ta'e beekee nyaatee dhuguun guyyaa boqonnasaa gasoosaa fudhatee baanaan Gorsituun gaafattus dhoksee, isheenis sulultaa deemtee qullubbii diimaa fiddee irraa buufachuuf deemtu baree walitti baacaa addaa bahan. Galgalas galuuf kiloo jahaa Siidaa dheeraa mudhiisaarratti namoonni meeshaa waraanaa, qotee bulaafi ogummaa harkaa adda addaa qaban bira yeroo gahu dhaabbatee, taaksii akka korbeessa re'ee hobobsaa shiroo medaa, Tafarii Mokonnoon, Sillaasee, Gusqaam… mataa fodaan baasee fiigaa, konkolaataan hunduu siidichatti nannahee sagadaa darbuunsaa ilaalee akka sibiillis mootii qabu yaadee dinqifataa baasiin lakk. 17 qabatee osoo ogeessonni laphee nama sakatta'an isatti hinbu'iin manasaa gahe. Abdiif qarshii dabboo akka bitatuuf kennee, qarshii 3 giiphiisaa keessa kaahee qarshii 2 siree jala dhoksee sokke. Achittis qub-lameesaa lamanxaaruu jaha dhugee kanfalee bahu Jooteen affeerraan lamanxaaruu lama dabaltee yeroo galuuf ka'u Birrituun machooftee lammataa kanfaltii gaafatte. Kanfaluusaa himus diddee qabattee, iyyaa walkuffisaan. Jooteenis irra dhaqe. Iyyi cimnaan poolisoonni dhufanii reebaa sadansaaniyyuu fudhatanii yeroo qajeelan Gorsituun dhuftee kadhattus didanii buufata poolisii koonyaa Inxooxxootti geeffaman.*

*Ganama Amansiisaan dursee. Jooteenis ka'ee waan dubbatu wallaaleeti 'maali atillee nama barate mitii? akkamitti goota mana dhugaatii nugoota?' jennaan lamaan isaniyyuu boohaan. Gidduutti poolisiin galgala isaan dagujjeessa bule 'Isinirraa galee gootota Sillaasee?' jedheen. 'Dubbadhaa malee' jennaan Jooteen 'waandubbannu wallaallem' jedheen, 'Isa edaa taatan dubbadhaa!' jedhe, Amansiisaan 'Inni edaa qaaniidha' jedheen. Sana booda lammata akka hinmachoofne mallatteessisiisee. Amansiisan Abdii argee saalfatus Abdiin fiigee itti marme. Gorsituun galaa qopheessa jirtu dhiiftee itti marmite. Fayyaasa gaafattee, jarri edaa isaan reebaa turan maalif nama akka reeban gafatte. Sirnichi reebicharratti akka hundaa'e, yoo nama reeban malee olaantummaan seeraafi kan isaanii hinmul'atu jedhanii akka yaadan itti hime.*

*Walaloo waggaa lamaan dura barreesse giiphiisaa keessaa baasee dubbise. Waa"ee sammuuti qabiyyeensaa. Har'a mana Birrituu deemuuf wal-loleeraatii mana jala taa'ee Abdii taphachiisa. Gorsituunis bira tessee hasa'u. Gorsituun akka yeroon galu gafannan, inni morme 'Yeroon galuun bu'aa hinqabuuree?' jetteen, salphina mana Birrituu akka nama oolchuufi Abdiifi ishii haasofsiiisuunis fayidaa biraa akka ta'e himnaan baay'ee gammmadde.Ganni bahee Birraan bari'eera, habaaboon daraaree kannisni xuuxxee dammeessaa jirti. Amansiisaan har'as gasoo baatee wagga shan guutuu wajjira kana keessa oola. Hoggattoonni wajjirichaa saba isaanii malee hinguddisan. Namoonni baay'ee guddina eeganii yeroo dadhaban hojii gadhiisuu. Amansiisaan sababa maatii bulchuuf gasoo baata. Ammas firii dorgommii eega. Garuu, guddina dhowwannan Hogganaa wajjirichaa Barahee ajjeesuuf murteeffateera. Amansiisaafi Gorsituun*

*waggaa shan dura walitti dabalamanis, har'a mana oolee agiboodhaan waliin hasa'uu barbaadeera. Ganamaan suuraa Abdiifi Gorsituu sanduqa fudhatee, haaduu qaree 'Abbaa hinganiin! dhugaaf falmi! dhugaa ifa baasi!' jedhee Abdii fudhatee mana shayii deemee sanbusaa, killee, daabboofi shayii biteefii sanbusaa tokkoofi killee fudhatanii galan. Gorsituu waliin hasaa'aa farsoo bichisiifatee manatti dhugaa cimni Gorsituun qoraa addunyaa jaalalaa duraanii haromsaa mana oolan.*

*Ganamaa mana hojiisaa taa'ee yeroo firii eegu Boruun 'Miilanoo sumatu darba!' ittiin jennan Amansiisaan, 'Yoo Rabbiin sodaataniifoo nita'a' jedheen. Waraqaa maxxannaan hunduu Daawwit Geetachoo dhungataatii Amansiisaanis adda baafachuun manatti deebi'ee haaduusaa fudhatee Gorsituuf xalayaa barreessee qarshiin maree sireerra kaahuun qarshii kudha shanii fudhatee ba'e. Habaaboo dhaabetti nagaa dhaamaa osoo jiruu, Obbo Barihee Ayyaaloo mana fincaanii seenuu argee yeoo olseenu Baraheen meeshasaa nyaachifachuuf jennaan dursee haduusaa mormatti danqee kuffise. Lubbunsaa baanan mana finchaanitti hirkisee meeshaa Barahee fudhachuun wardiyyaasani Obbo Ayyansaa bira darbee taskiirra konkolaataa darbuun Adaamaa buufata baaburaa dhaqee imaltoota waliin osoo fulduratti deemaa jiruu Shee Toofiq Usmaan bakka gaheenii osooma deemanii Muquxaayiin tikketta gaafachuu jalqabnaan Shee Toofiqitti tikkeetta kutachuu akka dandahu itti himee, 'Mucaa Adaamaatti yaabbate kanaaf tikkeetta kuti' jennaan Finfinneetii yabbate jedhee dide. Shee Toofiq waliinis wallolaan tikkeettuma Finfinnee kanfalee Matahaaraafi Me'eessootti darbanii Shee Toofiqiifi Amansiisaan wal walbaranii yeroof akka isa bira buufatu abdachiise. Guyyaa laaqana Ereriitti nyaatanii uumama dinqifataa meeshaasaas itti agarsiisee Dirree Daawwaatti Shee Toofiq fudhatee gale.*

*Manattis hadha mana isaanii Addee Soofiyaa Aliin walbalbaran. Jimaa, bunaafi nyaatni dhiyaateef. Amansiisaan mootummaan jimaa akka hinyaatne, aadaafi safuu hawwasaa akka hinkabajamneefi odaa jalatti akka waaqa hinkadhanneelle gochuusaa itti hime. Adde Soofifaan yeroo Raadiyoo Sagalee Afaan Oromoo bantu oduurratti hogganaa Warshaa Kophee Pilaastikaa Obbo Barahee Ayyaloo du'uusaa Obbo Badhaasaa Gabbisaa poolisiin akka gabaase yeroo dubbatuu akka isa ajjeese shakki tokko malee sababa ajeeseef waliin himnaan, yoo ta'uu baate gara biraatti isa geessuu akka dandahan itti himan. Akka ollarratti bilbilee maatiisaa gaafatu goonaan Jooteen Gorsituufi Abdiin hidhamuufi suurri isaa bittinsanii barbaadaa akka jiran mirkaneeffatan. Shee Toofiq ilmsaanii Mohammad Mana Barumsa Guraawwaa sad. 2ffaa barsiisu bira deeman. Mohaammad simatee manatti galaanii Amansiisaa waan barbaadamaa jiruu maqaasaa Qaasim Aliitti jijjiiraan. Shee Toofiqis harka Mohammadiifi Qaasim walqabsiisee 'Walitti hinmaliinaa! walirraa hinbaqatiinaa! bishaan tokko dhugdan! hundee tokko Madda Walaabuurraa dhalattan!' jedhee harkasaanitti tuttufaan waadaa walii galsiisee Dirree Daawwatti deebi'e. Mohammad waliin ji'a afur taa'anii booda waldaa, 'CARE' jedhamu hojiif beeksisa baasnaan Qaasimis gale. Qarshiisaa Mohaammad harka kaawwataa Abdiifi gorsiituu yaadaa jiraatu.*

*Qaasim hojii waldaa 'CARE' jalqabee baatii 18 booda Finfinneetti deemee miindaa hojjettootaa akka fiduuf ajajamnaan Mohaammad waamee mari'annaan dhorkuu barbaade. Qaasim garuu*

*hojii malee jiraachuun du'a waan ta'eef deemuuf murteeffatee jimaa qama'aa bulan. Mohammad halkan sun mirqaansaan walaloo 'Madda Walaabuu' jettu kan dhugeeffannoo Oromummaa agarsiisu barreessee dubbiseef. Sanaan booda ganamaan burjaajiisaa waliin konkolaataa eeyyamameef qabatanii gaaffii tokko malee Finfinnee gahanii Mana Bunaafi Siree Harar qabatan. Amansiisaan, halkan bahee gara manasaa deemuun yeroo Abdiin midhaan hin nyaadhu jedhee Gorsituun waliin boossu dhaggeeffatee boohee bakka sireesatti deebi'ee halkaan guutuu irriba malee xalayaa barreesssee mindaa isaa waggaa tokkoo xalayaan maree kennuufii murteeffate. Ganama manni hojichaa sa'aa boodatti beeellamnaan manasaa deemee Gorsituu mana baatu eegee xalayaafi qarshii walitti qabee fuldurashiitti darbatee dhokachuun yeroo isheen bira geessee fudhattee duubatti deebitu gara Abdiin itti baratu deemuun wardiyyaafi barsiistuunsaa akka Abdii isaaf yaamaniif eessumasaa ta'uu itti hime eeyyamsiifate. Ala bahuun waan hindandahamneef achumatti taa'ee waliin taphataa sa'aan geenyaan qarshii kudhan akka haatisaa daabboo ittiin isaa bittuuf itti himee yeroo Shuroo Meedaa gahu Gorsituun akkuma duraanii tessee qullubbiifi dinnicha gurguraa jirtu argee darbuun wajjira 'CARE' gahee mindaa hojjetootaa qarshii kuma shantamii shaniifi dhibba sagaliifi shan fudhatee burjajiisaa waliin gara Qabbana'aatti sokke. Obbo Ayyaansaan bakkuma durii balbala dhaabbatu argee habaaboo duraan dhaaba ture ilaalaa akka nama iddoosaa walaaleee burjajiisaa ofirra deebisee gara Bahaatti sokkan. Yeroo Mi'eessoo gahu Amansiisaan konkolaataa Mr Jooniif deeebisun qarshiicha qabatee gargaarsa Madda Walaabuuf sokke. Rakkoon akka jiru osoo beekuu hawwiin gaaf tokko akka deebi"uu beekee sokke.*

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-__________________________________

Mallattoo___________

Guyyaa ____________

**Maqaa Gorsaa**:- ____________________________________

Mallattoo __________

Guyyaa ___________